Adda Tokkummaa Bilisummaa Ummata Oromoo

Muddee 7, 2009

Ijjannoo ATBUO "Ibsaa fi labsa Tokkoomuu Jaarmayoota, Gurmuulee Fi Qabsaa'ota Walaba Oromoo" irratti

Walgayii Oromoo Onkoloolessa 31, 2009 magaalaa Minneapolis, USAti taye irratti, Jaarmayyotnni Oromoo shan, maqaa ABO, hogganaa ABO, fi alaabaa yookiin faajjii ABO fudhatanii ABO jala galan jedhamee himamuu hubanne. Ammas, oduun kun matadureee ***"Ibsaa fi labsa Tokkoomuu Jaarmayoota, Gurmuulee Fi Qabsaa'ota Walaba Oromoo "*** jedhuun websaayitii ABO jijjiiramaa gubbatti maxxanfamuullee argine. Akkasumas, Raadiyoo Sagalee Oromiyaa (Voice of Oromiya) irratti ibsamullee quba qabna. Labsa kanan duras, alaabaa dhaaboota shanii (alaabaa dhaaba keennaa dabalatee) websaayitii ABO jijjiiramaa irratti maxxannfamuun waamicha ummata fi qoophiin bashannanaa dhaadheffamullee guuttanne. Faajjii jaarmayoota shanii websaayitii irratti maxxansuun, dhaabootni faajjiin isaanii websaayitii gubbatti kaayame marruu ABO tayuuf akka murteessan ummatatti fakkeessuuf akka taye ifaa dha. Walgayii fi labsaa "tokkoomuu jaarmayoota" akka waan "Koreen Qindeessituu Kora Tokkummaa Jaarmayoota Oromoo" aanjessitee haa fakkeessanii malee, haxiin (lead actor) gocha kana maraatuu ABO jijjiiramaa tauyu mamii hin qabnu.

Aajaa'ibni (diraamaan) ABOn jijjiiramaa maqaa "Tokkoomuu Jaarmayoota" jedhuun taphatu kun, nama keessa hin beeyneef dhuugaa waan fakkaatuuf, haqaa jirtu himuun barbaachisaa dha. Kunis, **ATBUO maqaa, alaabaa yookiin asxaa, fi hooggana ABO fudhaatee ABO jijjiiramaa jallatti hin galle: walii galtee homaatuu waliin hin mallateessine**. Dhugaan kun saba Oromoo, jarmayoota Oromoo, kan haqaan bilisummaa saba Oromootiif dalagan, maraa biratti beekamuu qaba. Akkasumas, miseensotni fi tin'iftootni (deeggartootni) ATBUO haala kana sirriin guuttachuun barbaachisaa dha.

ABOn jijjiiramaa, "Tokkoomuu Jaarmayootaa " yoo dhaadheessuu, "dhaabota fi qabsaa'ota Oromoo jaarmaya cimaa fi hoggana warraaqaa jallatti tokkoomsuu fi taliguun, tokkummaa saba Oromoo itichaa" yaada jedhuun dallawwachuun. Akka biraatiin yoo jedhame, raroo tokkummaan barbaaachisaa dha jedhu haguggachuun. Miidhaa dhalti Haabashaa (Amaaraa fi Tigreen) jaarraa tokko caalaa ummata Oromoo irraan gayaa jirtu daangaa itti godhuuf, Oromoon

yoo gamtaan socho'e tayuu ATBUO sirritti hubata. Yoma jalqabaatuu, saabni Oromoo rakkoo kana jalatti kufuun, gurmuu tokkoon lolachuu dhabuu dha. Waan kana tayeef, qabsoon bilisummaa Oromoo milkaayuuf tokkummaan jarmayoota Oromoo barbaachisaa dha.

Haatayu malee, akkaataan ABOn jijjiiramaa tokkummaa dhaaboota bilisummaa Oromoo walabaa mirkaneessa jeedhu qulqullina uf keessa hin qabu. ABOn jijjiiramaa alaaban ATBUO fi jarmayoota biraallee dhaadhefachuun, walgayii fi qoophee bashannanaa waamate. Walgahii kanarratiis, tokkoomuun jarmayoota akka himamuuf deemuu lallabate. Garuu, dhaabni keenna alaabaan isaa websaayitii ABO jijjiiramaa irratti baatee walgayiin ummataa fi qoophiin bashannanaa akka dhaadheffamu eehama hin gonee. Kanaafuu, ABOn jijjiiramaa, alaabaa dhaaba keennaa, marii fi waliigalteen maletti dhaadheeffachuun, ummata gowwomsuu yookiin afanfaajjeessuu dha. Akkasumas, dhaaba keenna tuffachuu fi kabajaa dhabuuf mul'isa.

Dhaabni keenna "walgayii tokkoomuu" ABOn Jijjiiramaa zeekkaraa (ololaa) ture san irrtti akka hin argamne odoo beekuu, Jijjiiramni akka waan dhaabni keenna argamuu ummataatti fakkeesee. Kana bira taree, nama tokkoo sossobaan ufitti madaqsuun, maqaa dhaaba keennatiin waliigaltee akka isaanii mirkaneessuu waamate. Hagasii asiillee, walgayii magaalaa Toronto, Canada Sadaasa 15, 2009 godhame irrattiis, miseensuma gowwoomsan ufitti kasachiisan san diida baasanii dhadheeffataa jiran malee, dhaabni keenna "tokkoomuu" fakkeessaa keessa akka hin jirre irra deebinee hubachiifna. Akkuma dhaaba keenna keessaa, nama tokkoo booji'an, dhaabota biraa keessalle, nama hagoo fudhatan. Fakkeennaf, **Gumii Adda Bilisummaa Ummata Oromiyaa (GABUO)** keessa, murna Gumii Bilisummaa Oromiyaa Canada, GBO_Canada calla argatan. Adda Walabummaa Dimokratuma Oromiya keessalle murnuma tokko callaa ufitti qabatan. Murna tokkoo yookiin miseensa tokko ufitti madaqsuun akka bakka bu'aa dhaabaatti ummata duratti dhiyeessuun, jaramayoota tokkoomsuu odoo hin taane, jaramayoota qoqqooduu dha. Irraa caalaa himmoo saba Oromoo gowwomsuu fi waa yaaduu fi hubachuu dandayuu isaanillee tuffachuu dha.

Gara biraatiin, ABO (Shanee Gumii, Qaama Ce'eumsa, Jijjiiramaa) bakka sadi'itti jajii'amuun beekamaa dha. Murni ABO kun sadiinuu, maqaa, alaabaa, fi hooggana dhaabichaa irratti wal nyaataa jiran. Marruu, anumatu ummataa Oromootiif dhaabate jedhanii ummta qooduu fi

dhaamaasaa jiru. Haala akkanaa kana keessatti, jaarmaayotni shanii, maqaa, faajjii, fi hoggana ABO fudhatanii ABO tayan jedhanii hafarsuun qulqullina akka uf keessaa hin qabne arguun nama hin dhibu. ABOn ummataa fi jaarmayoota biraa tokkoomsuun haa hafuu, dhaabaa fi qabsaa'ota ufiituu tokkoomsuu hin dandeenne.

Garuu, ABO jijjiiramaa, dhara dhuugaa fakkeessuu barbaada. Namootumma bara dhengaddaa dhaabota Oromoon (ULFOn) tokkoomuu mannaa dhaaba Habashaatiin, Alliance for Freedom and Democracy (AFD), soddoomuu filatantuu, ar'aa himmoo jaarmayoota fi qabsaa'ota Oromoo tokkoomsina jedhanii fiigan. Bara dhengaddaa fi barana jidduu maaltu jijjiirame? Soddummaan Habashaa hin laafte- ABOn amms bakka lamatti hiramte. Murni tokkoo, tooftaa murna kan irra aanuun baafate. Balleessaa waliin godhaa turan maraa waakkate-badii ABOn dalage maraa Shanee Gumiitti tuulee. Ufii himmoo qulqulluu fakkaatuuuf jijjiirame jedhee ummaatatti warwaate. Kana malee jijjiiram biraa hin argine.

Xinxallaa kana irratti irkachuun, wanni ar'a ABOn Jijjiiramaa itti jiru, akka isaa tayutti jaarmayoota fi namoota sobuun, golaa (tumsa) heddummeefachuun maqaa ABO halanyeefacuuf (dhuunfachuuf), ABO biraa ana malee hin jiru jedhee leellifachuuf akka taye beekaamaa dha. Odoo dhugaman dhaabota Oromoo tokkoomsuu barbaade, duraanumaa ULFO hin balleessuu. AFD wajjiinis hin firoomu. Dhaabota Oromoo kayoo qajeelaa qaban maraa wajjiin (guutu guututti marii bilchaataa godhee) tokkummaa dhugaa asheechuu manna, addaan qoqqodee muddamaan tokkummaa salbaa hin hafarsu. Waan kana tayeef, dalagaan ABOn jijjirama itti jiru kun tooftaa dantaa dhaaba ufii waan maraa dura aanfatuun malee, hujii dhamaan dhaabota Oromoo tokkoomsuu miti. Ammas, jijjiiramni murni kun sirbus, jijjiirama tooftaati malee, jijjiirama yaadaa fi amalaa miti.

Akkasumas, tokkummaan sobaa, gowwomsaa fi fakkeessaa irratti ijaaramte, dhaaba tokkoo yookiin qalbii namoota hagoo yoo boharsiifte (gammachiifte) malee, ummata Oroomoo gidiraa sirna Habashaa Wayyaanee jalaa hin baaftu. Qarutummaan akka Jijjiiramaa tun, inumaa dhaabootni Oromoo akka wal shakkaanii fi tokkuummaa dhuugaa akka waliin hin uumannee gooti. Maraa caalaa himmoo, qabsoo bilisummaa qancarsiti. Fakkeenaf, ULFOn, waggaa sagal dura, yaadaa gaarii fi kaayoo bareedaa irratti bu'uramuuyu, shirumaa (maltummaa) akka ABOn Jijjiiramaa oofuu kanatu akka ULFOn yaratee du'aa fi jireennuu wallaalamu taasise.

Ammallee, yoo amala durii hin dhiifnee, jijjiirama afaanii qofaan bu’aa homaatuu ummata buusuun hin dandayamu. Kanaafu, jaarmayootni Oromoo marruu, danataa dhaaba tokkoo feedhii sabaa Oromoo dura aansuu dhiisanii, tokkuummaa dhugaa fiduun furmaata rakkoo saba keennaa haa tayanii jenna. Gama keennaan tokkummaan saba keenna akka cimuf yoomuu akka dalagnu hubachiifna.

Adda Tokkummaa Bilisummaa Ommata Oromoo